Hirmaannaa filannoo jiraattotaatiin, Minnesotaa #1 taasisuun eeguu fi tatamsa'ina COVID-19 yarsuuf hojjechuu!

Warri Minnesotaa fayyaan turuuf, akkasumas fayyummaa waliiisaanii eeguuf hojjechaa jiru. Kunis, bara 2020 keessa mana taa'anii filachuu jechuu dha! Minnesota keessatti, filataan filannoodhaaf mirga guutuu qabu kamiyyuu, tarii mana taa'uudhaan kaardii filannootiin sagalee kennuuf gaafachuu danda'a. Filannoo walii gala kan Sadaasa 3, 2020 tiif Kaardii filannoo keessan gaafachuu dandeessu.

• Filattoota kan Minnesota waan taataniif poostaan kun isin qaqqaba.
• Kaardii filannoo (ballot) keessanii gaafachuuf daandii filatamaan karaa toora interneetaa, marsariitii www.mnvotes.org. irratti argama.
• Yoo Gaafannoo unka Kaardii Filannoo gaafachuuf dursitanii galchitaniittu ta'e, kan biraa dabalataan hin erginaa.

Caalmaatti hubachuuf marsariitii www.mnvotes.org daawadhaa ykn '1-877-600-VOTE' irratti bilbilaa.

Mana taa'anii sagalee kennuuf tarkaanfiiwwan gargaaran

1. Mineesotaa keessatti, Sadaasa 3 filannoo waliigalaa geggeeffamu keessatti sagalee kennuuf, filannoof nama galmaa'e ta'uu QABDU. Sagalee filannoo keessannii kennuuf yeroo galmooftanitti, achumaanis kaardii ittiin mana teessanii filachuu dandeessan gaafachuu dandeessu.

2. Galmee keessan karaa toora interneetaa marsariitii www.mnvotes.org irraa sakatta'uu dandeessu.

3. Yoo carraa fayyadama interneetaa kan hin qabne taatan, ykn yoo unkicha karaa poostaa deebisuu kan barbaaddan ta'e, unka kaardii filannoo (Absentee Ballot) waliin jiru guutuudhaan, mallatteessitanii galmaa'uu dandeessu.

4. Yoo unka kan waraqaa fayyadamtu ta'e, kaardiin filannoo karaa poostaa yeroo inni itti isiniif ergamu mirkaneeffachuuf jecha, hamma danda'amaa ta'etti hatattamaan karaa poostaa ergaa. Gatiin poostaa kaffalamaa waan ta'eef temberii (stamps) tokko illee itti qabsiisuun barbaachisaa miti! Bakka hedduutti osoo yeroon filannoo hin ga'in, ji'oota 6 dursanii Kaardii filannoo poostaadhaan erguu eegalu.

5. Sagalee keessan kennuuf qajeelfama hordofuudhaan yeroo kaardiin filannoo karaa poostaa isin qaqqabu deebisuu.

6. Haala kaardii filannoo keessanii hordofuudhaan akka inni qaqqabee fi fudhatamaa ta'e 'mnvotes.org.' irraa mirkaneeffadhaa.

Jiraattonni filachuudhaaf mirga guutuu qaban hundinuu mana isaanii taa'uudhaan akka filataniif jajjabeeffamu, garuu jiraattota kanneen qaamaan argamanii filachuuf barbaadaniif guyyaa filannoo irra bakki buufata filannoo banaamaa ta'a.